STAY SAFE MN

Hamma Fudhannaa (Doozii) Talaallii COVID-19 Pfizer Isa 2ffaa Barbaadadhaa

7/14/2021

COVID-19 sirriitti ofirraa ittisuuf doozii talaallii Pfizer lama torbeewwan sadii wal irraa fageessanii fudhachuun barbaachisaadha.

Doozii isa lammataatiif beellama qabachuu yoo dadhabdan ykn beellami yoo isin darbe, wanti isin gochuu qabdan kunooti:

- Beellama qabachuu danda'uu keessan adda baafachuuf, jalqaba dhiyeessaa keessan isa doozii jalqabaa isinii kennerraa adda baafadhaa.
- Doozii isa lammaffaa argachuu danda'uu keessan kilinika keessan isa dhaabbataa ykn sirnawwan kilinika kanneenii keessaa tokko gaafadhaa.

Sirna kilinikaa	Beellama qabadhaa
Allina	www.allinahealth.org/coronavirus-covid-19/vaccines
HealthPartners/Park Nicollet	www.healthpartners.com/covid-19/vaccine-faqs/
Hennepin Healthcare	www.hennepinhealthcare.org/covid-19-vaccine-information
M Health Fairview	www.mhealthfairview.org/covid19/covid19-vaccine
North Memorial	www.northmemorial.com/vaccine/
Children's MN	www.childrensmn.org/covidshot/

- Yoo talaalliidhaaf beellama qabachuu nidandeessa ta'ebaruudhaaf faarmasii naannoo keessan jiru gaafadhaa. Faarmasii baayyeen beellama malee nama fudhatu garuu dursitanii bilbiluudhaan talaallii Pfizer qabaachuu isaanii adda baafadhaa.yookiin naannoo keessan jiru keessa barbaadduu talallii bakka Vaccines.gov. ilaalaa.
- Muummee Fayyaa Ummataa kan naannoo keessanii qunnamaatii talaallii Pfizer qabaachuu mirkaneeffadhaa: Muummee fayyaa kan naannoo yookiin boordii fayyaa hawaasaabarbaadaa.(www.health.state.mn.us/communities/practice/connect/findlph.html).

Mana qorichaa	Beellamaan ala deemaa ykn beellama qabadhaa
Walmart	www.walmart.com/covidvaccine ykn 1-844-474-0065 irratti bilbilaa
CVS	www.cvs.com/immunizations/covid-19-vaccine ykn 1-800-746-7287 irratti bilbilaa
Walgreens	www.walgreens.com/findcare/vaccination/covid-19
Hy-Vee	www.hy-vee.com/COVID
Cub Foods	www.cub.com/pharmacy/services/covid-testing-information.html
Thrifty White	www.thriftywhite.com/covid19vaccine

Guyyaa itti doozii jalqabaa talaallii Pfizer keessan fudhattan itti himuu akka dandeessaniif kaardiin talaallii keessan isin harka jiraachuu isaa mirkaneeffadhaa. Kaardii talaallii keessan yoo gattan, kilinikichi ykn manni qorichaa sun galmee talaallii keessan irraa isiniif ilaaluu mala, ykn gara Galmee Talaallii Kiyya Barbaadaa (www.health.state.mn.us/people/immunize/miic/records.html).deemuudhaan Kutaa Fayyaa Minnesota irraa Waraabbii/koii galmee talaallii keessanii gaafachuu ni dandeessu. Galmichi odeeffannoo kaardii talaallii keessan irra jiru qaba.